Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa, Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)

National Youth Movement for Freedom and Democracy (NYMFD)

**Ibsa Qeerroo Bilisummaa Oromoo**
**Onkoloolessa 04,2014**
**Finfinnee**

## Manneen Murtii Mootummaa Wayyaanee Federaalaa fi Manneen Mutii Oromiyaa Sadarkaa Garagaraa ilaalchisuun Ibsa Qeerroo Bilisummaa Oromoo

Mootummaan abbaa irree Wayyaanee manneen murtii Oromiyaa sadarkaa olaanoo irraa hanga gadaanaatti jiran harka isaa keessa galchuun mirgaa fi haqaa ummataa awwaaluu itti fufee jira. Ilmaan Oromoo gaaffii mirgaa fi dimookiraasii karaa nagaa gaafatanitti humna waraana isaa bobbaasuun qe'ee fi mooraa barnootaa keessatti jumlaan ajjeeseera. Kaan immoo qe'ee fi barnoota isaanii irra ukkamsee jumlaan hidhee jira. Mootummaan wayyaanee ilmaan Oromoo bal'eessaa tokko malee hidhee dararaa jiru ofumaaf himatee karaa dabballoota isaanis dharaan ragaa itti bahuun murtii sobaa irratti muraa jira. Qeerroo Bilisummaa Oromoo gochaa diinummaa wayyaanee kana gadi jabeessee balaaleffata.

1.Ummatni Oromoo gaaffii mirgaa fi dimookiraasii karaa nagaa mirga isaa kabachiisuuf waan gaafateef humni waraana wayyaanee Agaazii fi poolisiin federaala itti bobbaafamee yakka waraanaa uummata Oromoo irratti raawwatan. Kanaanis daa'ima ganna 7 hanga manguddoo ganna 80tti jiran utuu bira hin darbiin garaa laafina tokko malee jumlaan ajjeesanii yakka duguuggii sanyii (Genocide) uummata Oromoo irratti raawwataniiru. Yakka kanaafis hanga ammaatti itti gaafatamummaa hin fudhatin jira. Kana malees ummataa fi barattoota dargaggoota Oromoo umriin isaanii ganna 16 gadi ta'an dabalatee kumootaan mana hidhaatti ugguree itti roorrisaa jira. Mirga uumamaan qaban irraa mulqee murtii haqaa dhorkachuun gidirsuu irratti argama. Kan himatu, kan ragaa sobaa bahu, kan murtii dabaa ummata nagaa irratti dabarsaa jiru dabballootaa fi ergamtoota wayyaanee ta'uun mirkanaa'ee jira. Yakka hojjetamaa jiru, murtii dabaa fi diinummaa ummataa fi dargaggoota/barattoota Oromoo nagaa irratti kennamaa jiruuf abbootiin seeraa Oromiyaa fi Federaalaa dabballoota wayyaanee ta'an itti gaafatama jalaa miliquu akka hin dandeenye hubachuusna.

2.Abbootiin seeraa, Abbootiin alangaa, poolisiin qorataa Yakkaa, fi wajjiraalee haqaa Oromiyaa fi godinaalee Oromiyaa garaagaraa keessa jirtan hundi harka mirgaa mootummaa wayyaanee ta'uun murtii jallinaa, ragaa fi himata sobaa bu'uura godhachuun ilmaan Oromoo irratti yakka diinummaa

fudhachaa jirtaniif gaafatama jalaa hin baatan. Ilmaan Oromoo yakka kana keessatti beekaas ta'e osoo hin beekin qooda fudhachaa jirtan yakka diinumaa kana keessa of baasuun ummata keessan cina akka hiriirtan waamicha lammummaa isiniif dabarsina.

3.Waajjirri haqaa Oromiyaa akkasumas kanneen godinaalee keessaa, waajjirrii poolisii kutaan qorannoo yakka Oromiyaa fi godinaalee fi Onoota Oromiyaa garaagaraa keessatti argamtan ilmaan Oromoo nagaa badii tokko malee qe'ee isaanii fi dhaabbilee barnoota irraa humna waraanaan qabaman irratti ragaa kijibaa qindeessaa, ragaa sobaa irratti ba'aa jirtan. Kun haqa awwaaluu fi olaantummaa seeraa darbuun mirga dhala namummaa sarbuu waan ta'eef, itti gaafatama seeraa fi seenaa jalaa ba'uu kan hin dandeenye ta'uu ni hubachiifna.

4.Caasaan mootummaa abbaa irree wayyaanee EPRDF qajeelfama abbaa irree hojii irra olchuuf manneen murtii Oromiyaa keessa diriiree jiru yakka uummata irratti rawwachaa, ragaa sobaa qaanii tokko malee ilmaan Oromoo hidhaa jiran irratti ba'aa jira. Waan ta'eef, ummatni Oromoo caasaa wayyaanee Habashoota gabrummaa leellisan, dabballoota sirnichaa ta'anii fi garaaf bultootaan ijaarame irraa waan eeggatu waan hin qabneef, dura dhaabbachuun mirga keenyaaf falmii wal irraa hin citne haa gaggeessinu.

5.Mootummaan Wayyaanee EPRDF/TPLF yakka sadarkaa mana murtii idil addunyaa ICC irratti isa himachiisu waraana isaan ummata nagaa meeshaa of harkaa hin qabne daa'imman umrii 7 fi manguddootni ganna 80 kan keessatti argaman jumlaan ajjeesuu isaaf ragaan vedio fi suuraan deeggarame har'a fuula addunyaatti dhiyaachaa jira. Ragaan qabatamaan kun osoo jiruu abbootiin seeraa fi alangaa wayyaanee, himataa fi ragaa sobaan ummata hidha keessatti gidirsaa jiran. Gochi cubbamaa wayyaanee kun, himannaa seeraa addunyaa jalaa isa baasuu hin danda'u. Kanaaf, manni murtii Oromiyaa ilmaan Oromoo nagaa humna waraanaan qabamanii hidhaa jiran gaaffii tokko malee akka hiiksisu gaafanna.

6.Ilmaan Oromoo abbootii seeraa, alangee fi poolisii taatanii sababii sabboonummaa keessaniif mootummaa wayyaaneen doorsifamaa jirtan hundi yakka diinummaa ummata keessan irratti dalagamaa jiru dura akka dhaabbattan, olaatummaa seeraa fi mirga ummata keessanii kabachiisuuf akka hojjettan waamicha keenya isiniif dabarsina.

7.Mootummaan wayyaanee karaa manneen murtii Federaalaa fi Oromiyaan murtiin jallaan Oromoota irratti dabarsuu fi dararaan mana hidhaa Maai'kalaawwii keessatti ilmaan Oromoo irraan gahaa jiru ummata Oromoo daran kan qabsoo bilisummaaf onnachiisu malee, mirga isaa falmachuu irraa duubatti kan isa hin deebisne ta'uu Hoggansi Qeerroo Bilisummaa Oromoo ni hubachiisa.

8.Uummatni Oromoo, dargaggootni, barattootni, qonnaan bulaan, hojjettootni, poolisootni fi hawwaasni Oromoo biyya keessa fi biyyoota alaa garagaraa keessatti argamtan yakka mootummaan

Wayyaanee ummata keenya jumlaan ajjeesee, kaan hidhee, ragaa sobaa irratti ba'uun murtii jallaa irratti murteessaa jiru kana dura gamtaan dhaabbannee mormii keenya haa dhageessisnu. Mirga waloon sarbamne deeffachuuf tokkummaa keenya tikfachuun qabsoo FDG, warraaqsa karaa nagaa fi dimokiraasii gaggeeffamaa jiru keessatti hirmachuun wareegama barbaachisu baasnee bilisummaa keenya haa gonfannu jechuun Hoggansii Qeerroo Bilisummaa Oromoo ummataa Oromoo hundaaf waamicha dabarsa.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!

Qeerroo Bilisummaa Oromoo

Onkoloolessa 03/2014